



Waggaa 17^{faa} Lak. 10/2001
 ፲፯ኛ ዓመት ቁጥር ፲/፪ሺ፩
 17th year No 10/2009

Finfinnee, Adoolessa 9 Bara 2001
 ፌታሪካ ፲፱ መስከረም ፳፻፱ ዓ.ም
 Finfine, July 16/2009

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe	Lak. S. Poostaa 21383-1000
የገዱ ዋጋ	በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	የፖ.ሣ.ቁጥር
Unit Price		P.O.Box

QABIYYEE Labsii Lak. 152/ 2001 Labsii Akkaataa Hundeeffamaafi Bulchiinsa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Fuula 1	ማግኛ አዋጅ ቁጥር ፩፻፶፪/፪ሺ፩ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች አመሰራረትና አስተዳደር ሁኔታን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ገጽ ፩	CONTENT Proclamation No. 152/2009 A proclamation to provide for the Establishment and Administration of Oromia National Regional State Rural potable water service Organizations.Page 1
--	---	--

Labsii Lakk. 152/ 2001 Labsii Akkaataa Hundeeffamaa fi Bulchiinsa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe. Mootummaan Naannoo Oromiyaa Ummatni Baadiyyaa Bishaan Dhugaatii Qulqulluu, gahaa fi amansiisaa ta'e, argatee akka itti fayyadamu taasisuuf misooma bishaan dhugaatii baadiyyaa bal'inaan adeemsisaa waan jiruuf; Bulchiinsa bishaan dhugaatii baadiyyaa babal'achaa jiru sirnaan akka gaggeefamu taasisuun barbachisaa ta'ee waan argameef; Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe labsii Lakk. 46/ 1994 Keewwata 49 (3) (a)tiin kan kanatti aanu labsameera.	አዋጅ ቁጥር ፩፻፶፪/፪ሺ፩ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች አመሰራረትና አስተዳደር ሁኔታን ለመወሰን የወጣ አዋጅ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የገጠሩ ሕዝብ ንፁህ፣ በቂና አስተማማኝ የመጠጥ ውሃ አግኝቶ እንዲጠቀም ለማድረግ በገጠር የመጠጥ ውሃ ልማት በስፋት እያስፋፋ በመሆኑ፤ በገጠር አየተስፋፋ ያለውን የመጠጥ ውሃ አስተዳደር በስርዓት እንዲመራ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ በተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49(3)(ሀ) መሰረት የሚከተለው ታዲሻል፡፡	Proclamation No. 152/2009 A proclamation to provide for the Establishment and Administration of Oromia National Regional State Rural potable water service Organizations. Whereas, the National Regional state of Oromia is intensively undertaking rural potable water service development, in order to supply clean, adequate and sustainable potable water to the rural community. Whereas, it has become necessary to provide management system for potable water supply that has being expanded. Now therefore, in accordance with article 49(3) (A) of revised Oromia National Regional State Constitution No. 46/2002 is proclaimed as follows.
---	---	---

Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa 1. Mata Duree Gabaabaa Labsiin kun "Labsii Akkaataa Hundeeffamaa fi Bulchiinsa Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk.152/200, jedhamee waamamuu ni danda'a.	ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌ 1. አጭር ርዕስ ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች አመሰራረትና አስተዳደር ሁኔታን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁ. ፩፻፶፪/፪ሺ፩" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡	Part One General Provisions 1. Short Title This proclamation may be cited as " a proclamation to provide for the Establishment and Administration of Oromia Regional State Rural Potable Water Service Organizations No. 152/ 2009."
--	--	---

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee labsii kana keessatti:

- 1) “Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii” jechuun, dhaabbata bishaan Dhugaatii Baadiyyaa maddi fi siistemiin bishaanichaa tokko ykn garagara ta'e, ummata baadiyyaa keessa jiraatuuf tajaajila bishaan dhugaatii kan kennu jechuudha.
- 2) “Koree” jechuun, koree hojii gaggeessaa dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaa maddii fi siistemiin bishaanichaa tokko ykn garagara ta'e, dhaabbata bishaan dhugaatii mataa isaa danda'e tokko kan bulchuu fi itti fayyadamtootaan miseensota filataman kan of keessaa qabu jechuudha.
- 3) “Biiroo jechuun, Biiroo Qabeenya Bishaan Oromiyaa fi caasaa isaa sadarkaa sadarkaan jiran jechuudha.
- 4) “Bishaan Dhugaatii” jechuun, bishaan dhugaatii sadarkaan qulqullina isaa eegamee fi mirkanaa'e jechuudha.
- 5) “Galii” jechuun, galii gurgurtaa bishaan dhugaatii itti fayyadamtootaa fi maamiltoota bishaanii irraa sassaabamu, kenna tajaajila teekniikaa fi akkasumas, gargaarsa dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa irraa argamu jechuu dha.
- 6) “Itti fayyadamaa ykn maamila” jechuun, nama bishaan dhugaatii dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii raabsuun fayyadamu jechuudha.
- 7) “Baadiyyaa” jechuun, lafa qaama dhimmi ilaaluun akka naannoo magaalatti hindaangeffamne jechuu dha.
- 8) “Boordii” jechuun, qaama ol'aanaa waliigaltee koreewwan dhaabbilee Tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaa baay'inni isaanii lamaa fi isaa ol ta'een, ijaaramee hojii dhaabbata bishaan dhugaatii baadiyyaa ol'aantummaan gaggeessu jechuu dha.
- 9) “Nama” jechuun, nama uumamaan ykn seeraan qaamni seerummaa kennameef jechudha.

3. Ibsa Saalaa

Labsii kana keessatti saala dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun dhaabbilee tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaa Dambii Labsii kana irratti hundaa'ee bahuun hundeeffaman kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qaabata.

5. Hundeeffama

Dhaabbileen tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaa kan hundeeffaman akkaataa Dambii Labsii kana irratti hundaa'ee bahuun ta'a.

2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- 1) “የመጠጥ ዉሃ አገልግሎት ድርጅት” ማለት የውሃው ምንጭን ሲስተም አንድ ወይም የተለያየ ሆኖ በገጠር ለሚኖረዉ ሕዝብ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት የሚሰጥ የገጠር የመጠጥ ውሃ ድርጅት ማለት ነው፡፡
- 2) “ኮሚቴ” ማለት የውሃው ምንጭን ሲስተም አንድ ወይም የተለያየ የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎትን የሚመራ ራሱን የቻለ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅትን የሚያስተዳድርና በውስጡ በተገልጋዮች የተመረጠ አባላት ያለበት ኮሚቴ ማለት ነው፡፡
- 3) “ቢሮ” ማለት የውሃ ሓብት ቢሮን በየደረጃዉ ያሉ መዋቅሮች ማለት ነው፡፡
- 4) “የመጠጥ” ውሃ ማለት ደረጃውን የጠበቀና ንፅህናው የተረጋገጠ የመጠጥ ውሃ ማለት ነው፡፡
- 5) “ገቢ” ማለት ለተጠቃሚዎችና ለደንበኞች ከሚሸጥ ውሃ የሚሰጣለብ ከቴክኒክ አገልግሎትና መንግስታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች የሚገኝ ዕርዳታ ማለት ነው፡፡
- 6) “ተጠቃሚ ወይም ደንበኛ” ማለት የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት በሚያከፋፍለዉ ውሃ የሚጠቀም ሰው ማለት ነው፡፡
- 7) “ገጠር” ማለት ጉዳዩ በሚመለከተው አካል የከተማ አካባቢን የማይጨምር መሬት ማለት ነው ፡፡
- 8) “ቦርድ” ማለት ብዛታቸው ሁለትና ከዚያ በላይ በሆኑ የገጠር ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች ኮሚቴ ስምምነት የተቋቋመና የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶችን ሥራ በበላይነት የሚመራ አካል ነው፡፡
- 9) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የህግ ሰውነት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡

3. የፆታ አገላለፅ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው የሴት ፆታንም ያካትታል፡፡

4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ ይህን አዋጅ ተከትሎ በሚወጣ ደንብ የሚቋቋም ማንኛውም የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

5. መቋቋም

የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች የሚቋቋሙት በዚህ አዋጅ ላይ ተመስርቶ በሚወጣ ደምብ ይሆናል፡፡

2. Definitions

Unless the context requires other wise in this proclamation:

- 1) “Potable water service organization” means rural potable water service organization which its steam and system is one or different that supply potable water service to rural people.
- 2) “Committee” means committee that administer rural potable water service organization its steam and system is one or different and its members elected by beneficiaries.
- 3) “Bureau” Means Oromia Water Resource Bureau and its structures found at all level.
- 4) “Potable water” means potable water with required quality standa and approved to be used.
- 5) “Revenue” means revenue collected from beneficiaries and customers by selling potable water, from delivery of technical service as well as from aids given by governmental and non governmental organization.
- 6) “Beneficiary or customer” means a person who uses water supplied by rural potable water service organizations.
- 7) “Rural” Means a land which is not included in urban areas by concerned body.
- 8) “Board” Means a body established by the agreement of two or more committees of rural potable water service organizations to direct this organizations.
- 9) “Person” means physical or legal person.

3. Gender reference

The gender reference set out in masculine shall also apply to the feminine gender.

4. Scope of Application

This Proclamation shall be applicable on any rural potable water service organization established by regulation issued based on this Proclamation.

5. Establishment

The rural potable water organizations shall be established in accordance with the regulation issued based on this proclamation.

6. Gurmaa'inaa fi Itti waamama

- 1) Dhaabbatni Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:
 - a) Boordii
 - b) Koree fi
 - c) Hojjetoota barbaachisaa ta'an
- 2) Dhabbatni Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa kamiyyuu waajjira mata isaa ni qabaata.
- 3) Itti waamamni dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa koreedhaaf ta'a.

Kutaa Lama**Angoo fi Hojii Dhaabbilee Tajaajila Biishaan Dhugaatii Baadiyyaa fi Biiroo****7. Aangoo fi Hojii Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa.**

- 1) Tajaajila bishaan dhugaatii babal'isuuf ykn madda biraa dabaluu qorannoo, diizaayinii fi ijaarsa bishaan dhugaatii baadiyyaa ni gaggeessa;
- 2) Hojii opireeshinii fi suphaa ni adeemsa;
- 3) Baajata mata isaatiin ykn deeggarsa dhaabbilee miti mootummaa ykn abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin tajaajilli bishaan dhugaatii baadiyyaa akka ijaaraman ykn suphaman haala ni mijeessa;
- 4) Ummata Naannoo dhaabatichaa keessa jiraatuuf bishaan qulqullinni isaa eegamee fi gahaa ta'e, ni dhiyeessa; ni raabsa; ni gurugura; galii gurgurtaa bishaanii ni sassaaba; galii argames tajaajila bishaan dhugaatii babal'isuuf ni oolcha;
- 5) Tajaajila bishaan dhugaatii waliin gahuuf akkaataa barbaachisummaa isaatiin birkaa bishaanii ni ijaara; sarara bishaanii ni diriirsa; lakkooftuu bishaanii ni galcha; ni kaasa; hojiiwwaan bishaanii isa ilaallatan ni hojjeta; sararootaa fi meeshaalee bishaanii ni supha; ni haaromsa; ni fooyyessa;
- 6) Hojii isaa ga'umsaan raawwachuu akka isa dandeessisu hojii isaa kontiraata kennuun hojjachiisuu ni danda'a;
- 7) Kuusaawwanii fi sararoonni bishaanii akka hinxuroofnee fi ummata irratti rakkina fayyaa akka hin'uumne ni to'ata; qaamota mootummaa dhimmi ilaalu waliin qindoominaan tarkaanffii barbaachiisaa ta'e, ni fudhata;
- 8) Maqaa isaatiin ni himata; ni himatama; waliigalteet ni raawwata; qabeenya ni horata;
- 9) Taarifa bishaan dhugaatii baadiyyaa qoratee ni qopheessa; yoo hayyamame hojii irra ni oolcha;
- 10) Ummatni baadiyyaa bishaan qulqulluu fi gahaa ta'e, akka argatu hojii barbachisaa ta'e hunda ni hojjata.,

6. አደረጃጀትና ተጠሪነት

- 1) የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት የሚከተሉት አደረጃጀት ይኖራታል፡፡
 - ሀ. ቦርድ
 - ለ. ኮሚቴ
 - ሐ. አስፈላጊ የሆኑ ሰራተኞች ናቸው
- 2) እያንዳንዱ የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት የራሱ የሆነ ዕድሜ ቤት ይኖረዋል፡፡
- 3) የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት ተጠሪነት ለኮሚቴው ይሆናል፡፡

ክፍል ሁለት**የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶችና የቢሮ ስልጣንና ተግባር****7. የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች ሥልጣንና ተግባር**

- 1) የገጠር የመጠጥ ውሃ ለማስፋፋት ወይም ሌላ ምንጭ ለመጨመር ጥናት ያካሂዳል፤ የገጠር የመጠጥ ውሃ ድባይና ግንባታ ስራ ያካሂዳል፡፡
- 2) የኦፕሬሽንና የጥገና ስራ ያካሂዳል፡፡
- 3) በራሱ በጀት ወይም መንግስታዊ ካሊሆኑ ድርጅቶች ወይም ከግል ባለሐብቶች በተገኘ ድጋፍ የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎቶች እንዲሰሩ ወይም ዕንዲጠገኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፡፡
- 4) በድርጅቱ አካባቢ ለሚኖሩ ሕዝቦች ንዕሕናው የተጠበቀና በቂ ውሃ ያቀርባል፤ ያስራጫል፤ ይሸጣል፤ ከወሃ ሽያጭ የሚገኘውን ገቢ ለመጠጥ ውሃ አገልግሎት ማስፋፊያ ያውላል፡፡
- 5) የመጠጥ ውሃ አገልግሎትን ለማዳረስ እንደየአስፈላጊነቱ የውሃ ማጠራቀሚያዎችን ይሠራል፤ የወሃ መስመሮችን ይዘረጋል፤ የወሃ ቆጣሪ ያስገባል፤ ያነሣል፤ እሱን የሚመለከቱ የወሃ ሥራዎች ይሰራል፤ መስመሮችና የወሃ ዕቃዎችን ይጠግናል ያድሣል፤ ያሻሽላል፡፡
6. ሥራውን በብቃት ለመስራት እንዲያስችለው ኮንትራት ማስራት ይችላል፡፡
7. የወሃ ማጠራቀሚያዎችና መስመሮች እንዳይቆሻሽሩ በሕዝቡ ላይ የጤና ችግር ዕንዳይፈጥሩ ይቆጣጠራል፤ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው የመንግስት አካላት ጋር በትንጀት አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል፡፡
- 8) በስሙ ይከሣል፤ ይከሠሣል፤ ይዋዋላል፤ ንብረት ያፈራል፡፡
- 9) የገጠር የመጠጥ ውሃ ታሪፍን ያዘጋጃል፤ በቢሮ ሲፈቀድለት በሥራ ላይ ያውላል፡፡
- 10) የገጠሩ ሕዝብ ንዑሕና በቂ የመጠጥ ውሃ ዕንዲያገኝ አስፈላጊውን ሁሉ ይሠራል፡፡

6. Organizational structure and accountability

- 1) The rural potable water service organization shall have the following organizations:
 - a. The Board;
 - b. The Committee, and
 - c. Other necessary staffs.
- 2) Any rural potable water service organization shall have its own office.
- 3) Rural potable water service organization shall accountable to the committee.

Part two**Power and duties of rural potable water service organization and bureau****7. Power and duties of rural potable water service organization**

- 1) Undertake study on construction and design of rural potable water service to expand potable water service or develop other sources;
- 2) Undertake operation and maintenance work;
- 3) Facilitate conditions to construct or maintain rural potable water service with its budget or aids from non governmental organizations or with the help of private investors;
- 4) Supply, distribute and sale clean and adequate water to surrounding community, collect same and use it to expand potable water service;
- 5) Construct water tankers, install water lines as it may necessary to supply potable water service to all dwellers, install and remove meter, maintain, repair and extend water lines, undertake water activities related with water;
- 6) Inter in to contractual agreement to implement it's duties efficiently;
- 7) Control water tankers and water lines to avoid contamination and hazard against public health, take necessary measures in collaboration with concerned government organs;
- 8) Sue and be sued, inter in to contract, own property in its name;
- 9) Undertake research and prepare rural potable water tariff, implement where it is approved by the Board;
- 10) Work all necessary activities to supply clean and adequate water to rural community.

8. Aangoo fi Hojii Biiroo

Aangoo fi hojiin seerota biraatiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biiroon aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Buufattoota bishaan dhugaatii baadiyyaa hirmaannaa ummataatiin ykn qaama mootummaa fi mit-mootummaatiin hojjatame kamiyyuu dhabbataa tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaatti ni dabarsa;
- 2) Bishaan dhugaatii baadiyyaa uummataaf raabsamuu isaa ni to'ata;
- 3) Dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaatiif gargaarsa teekinikaa, leenjii fi gorsa adeemsa hojii barbaachisaa ta'e, ni kenna;
- 4) Uujummoo, lakkooftuu, paampii fi jenereetara bishaanii biyya alaatiif biyya keessaa dhaabbilee tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaatiif bituun barbaachisaa ta'ee yoo argame, dookimantii caalbaasii barbaachisaa ta'e, ni qopheessa; meeshaalee bitamanis qulqulluu fi sadarkaa isaanii kan eeggatan ta'uu isaanii ni to'ata; ni mirkaneessa;
- 5) Sanada Walii-galtee bittaa meeshaaleetiif mallatteefame, meeshaalee bitaman nagaheewwan Gibira fi qaraxni mootummaa itti kaffalamee fi kan kana fakkaatan meeshaalee bitaman waliin koppii isaa dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii dhimmi ilaaluuf galii ni taasisa;
- 6) Hir'inni baay'inaa fi qulqullina meeshaalee irrattii mul'atu akka guutamu gochuudhaaf Biiroon dirqama qaba;
- 7) Herrega dhabatichaa odiitii ni tasisa.

Kutaa Sadii**Qaamolee Bulchiinsa Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa****9. Boordii**

- 1) Boordii waliigaltee koreewwan dhaabata tajaajila bishaan dhugaatii baadiyyaatiin hundeeffamuu ni danda'a. Haalli raawwii isaa dambii ba'uun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa ltiin koreewwan Boordii hundeessan qajelfamaa fi murtii Boordichaa irraa darbu hojii irra oolchuuf dirqama ni qabaatu.
- 3) Koreen Boordii hundeesse kamiyyuu boordichi bu'aa fi faayidaa ummataatiif hin hojjanne jedhee yoo amane, itti fayyadamtoota bishaanii mari'achiisuun sagalee 1/2 ol ta'een murteessisuudhaan boordii hundeesse keessaa bahuu ni danda'a. Boordii keessaa bahuu isaas Biiroo ni beeksisa.
- 4) Koreen Boordii keessaa bahe qabeenya waliin horatan ni hirata.
- 5) Baay'inni miseensota Boordii torbaa hanga sagalii ta'e, koreewwan Boordichaa hundeesaniin kan filataman ta'a. Walakkaan isaanii dubartoota ta'uu qaba.
- 6) Itti waamamni Boordichaa Biiroo fi Koree isa hundeesseef ta'a.

8. የቢሮ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ሕጎች የተሰጡት ሥልጣንና ተግባር ዕንደተጠበቀ ሆኖ ቢሮው የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባር ይኖራታል፡፡

- 1) ማንኛውንም በሕዝብ ተሳትፎ ወይም መንግሥታዊ ባለሆነ ድርጅቶች የተሰሩትን የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎቶችን ለገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት ያስተላልፋል
- 2) የገጠር የመጠጥ ውሃ ለሕዝቡ መከፋፈሉን ይቆጣጠራል
- 3) ለገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች አስፈላጊ በሆነ ሥራ ላይ የቴክኒክ ድጋፍ የሰጠና የምክር አገልግሎት ይሰጣል
- 4) ለገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች የውሃ ተባባሪነት፣ ቆጣሪዎች፣ ፓምፖችና ጂኔራተሮች ከውጭ አገር ወይም ከሀገር ውስጥ መግዛት አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ አስፈላጊውን የጨረታ ዶክመንቶች ያዘጋጃል፡፡ የተገዙ ዕቃዎች ደረጃቸውን የጠበቁ መሆናቸውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል
- 5) ለዕቃ ግዥ የተፈረመ የውል ሰነዶች የተገዙትን ዕቃዎች፣ የመንግስት ግብርና ታክስ የተከፈሉባቸውን ደረሰኞችና የመሳሰሉትን ከተገዙት እቃዎች ጋር ኮፒውን ለሚመለከተው የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅት ገቢ ያደርጋል፤
- 6) ዕቃዎች ላይ ለሚፈጠረው ጉድለትና የጥራት ችግር አለመሟላት ቢሮው ተጠያቂ ይሆናል
- 7) የድርጅቱን ሂሳብ አዲት ያስደርጋል፡፡

ክፍል ሶስት**የገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች የአስተዳደር አካላት****9. ቦርድ**

- 1) በኮሚቴዎች ስምምነት በገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅቶች ቦርድ ሊቋቋም ይችላል፤ አፈፃፀሙ ወደፊት በሚወጣ ደምብ ይወስናል
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሰረት ቦርድ የሚያቋቋሙ ኮሚቴዎች በቦርዱ የሚተላለፉ መመሪያዎችና ውሳኔዎችን በስራ ላይ የማዋል ግዴታ አለባቸው
- 3) ቦርድ ያቋቋመ ማንኛውም ኮሚቴ ቦርዱ ለህዝብ ውጤትና ጥቅም አልሰራም ብሎ ባመነ ጊዜ የውኃ ተጠቃሚዎችን በማወያየትና ከግማሽ 1/2 በላይ ሆነ ድምፅ በማስወሰን ካቋቋመው ቦርድ ውስጥ ሊያስወጣ ይችላል፤ ከቦርዱ ስለመውጣቱ ለቢሮ ማሳወቅ አለበት፡፡
- 4) ከቦርዱ የወጣው ኮሚቴ አብሮት ያፈራውን ንብረት ይካፈላል፡፡
- 5) የቦርዱ አባላት ብዛት ከሰባት እስከ ዘጠኝ ሆኖ ቦርዱን ባቋቋሙ ኮሚቴዎች የሚመረጡ ይሆናል፤ ከአባላቶቹ ግማሹ ሴቶች መሆን አለባቸው፡፡
- 6) የቦርዱ ተጠሪነት ለቢሮውና ላቋቋሙት ኮሚቴዎች ይሆናል፡፡

8. Power and duties of Bureau

Without prejudice to powers and duties vested to bureau by other laws bureau shall have the following powers and duties:

- 1) Hand over any rural potable water stations to rural potable water service organization that constructed by participation of people or governmental and non governmental organs;
- 2) Supervise distribution of rural potable water to the community;
- 3) Give training, advice and technical assistance of necessary work procedure;
- 4) Prepare bid documents where necessary to buy water pipe, meter and generates from domestic or foreign market, for rural potable water service organization, control and approve quality standard of procured equipment;
- 5) Hand over copy of procurement documents, procured equipment, receipts of tax and custom duties and etc., to rural potable water service organization concerned;
- 6) Bureau shall be responsible to indemnify equipments with defect in quality and incomplete in quantity;
- 7) Cause the book account of the organization be audited.

Part three**Management bodies of rural potable water service Organization;****9. Board**

- 1) The Board may be established by the agreement of rural potable water service Organization Committees. It's implementation shall be determined by regulation.
- 2) The Committees which established aboard in accordance with sub article 1 of this article shall have a duty to implement directives and decision of board.
- 3) Any committee may decide by majority vote 1/2 in consultation with beneficiaries to leave a board where it believes that a board failed to work for the interest of the Community.
- 4) A committee that left a board shall take it's share from the common properties.
- 5) Board members shall be 7-9 and they are elected by committees which established a board, half of them shall be females.
- 6) A board shall be accountable to Bureau and committees that established it.

10. Aangoo fi Hojii Boordii

- 1) Koreewwan mari'achiisuudhaan maallaqa dhaabbatichi liqeeffachuu qabu ni murteessa;
- 2) Karoorra hojii fi baajata waggaa dhaabbatichaa ni qopheessa; koreedhaan erga raggaasifamee booda hojii irra ni oolcha; hojirra akka oolu nitaasisa;
- 3) Caasaa dhaabbatichaa, qaxara hojjettoota, gitaa fi gahee hojii, mindaa, durgoo miseensota Boordii ni qopheessa; biiroodhaan yommuu murtaa'u hojii irra ni oolcha;
- 4) Dhaabbatichi galii isaatiin akka of bulchu haala ni mijeessa;
- 5) Sirna ittiin bulmaata keessaa ni baafata;
- 6) Bulchiinsi humna namaa, qabeenyi, hojiin teeknikaa fi herregni dhaabbatichaa akkaataa seeraatti hojii irra ooluu isaa ni to'ata; ni mirkaneessa, waggaatti al tokko herregni dhaabbatichaa odiitera biiroo ykn qaama Aangoo qabuun odiitii akka ta'u ni taasisa;
- 7) Koreewwan fi itti fayyadamtoota bishaanii mari'achiisuudhaan murteessisee maalaqni dhaabbatichaa hojii investmantii irra akka oolu ni taasisa;
- 8) Bishaan dhugaatii dhaabbatichaan raabsamu akkaataa taarifa murtaa'een, gurguramuu isaa, galiin sassaabame yeroon baankiitti galii ta'uu isaa fi akkaataa seeraatiin hojii irra ooluu isaa ni hordofa., ni to'ata, ni mirkaneessa;
- 9) Taarifa bishaanii qoratee ni qopheessa, Biiroodhaan yommuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha;
- 10) Gabaasa raawwii hojii teeknikaa fi herregaa kan kurmaanaa fi waggaa yeroo yeroon qopheessee Biiroo, koreewwanii fi itti fayyadamtoota bishaaniitiif ni dhiyeessa.

11. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Boordii

Walitti Qabaa Boordii Miseensota Keessaa kan filatamu ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Itti gaafatamaan Waajjira dhaabbata Tajaajiaa Bishaanii, Itti gafatamaan herregaa fi qarshii qabaan dhaabbatichaa herrega baankii dhaabbatichaa akka sochoosan maqaa isaanii boordiidhaaf dhiyessee ni murteessisa;
- 2) Bulchinsii fi itti fayyadamni maallaqaa fi qabeenyaa seera qabeessa ta'uu isaa ni to'ata; ni hordofa;
- 3) Hojiin dhaabbatichaa akkaataa seeraatin gaggeefamuu isaa ni to'ata;
- 4) Ajandaa wal-gahii Boordichaa ni qopheessa, wal-gahii ni waama, ni gaggessa.

10. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር

- 1) ኮሚቴዎችን በማማከር ድርጅቱ መበደር ያለበትን ገንዘብ ይወስናል
- 2) የድርጅቱን የሥራ ዕቅድና ዓመት በጀት ያዘጋጃል፤ በኮሚቴው አፀደቀ በኋላ ሥራ ላይ ያውላል፤ ስራ ላይ እንዲውል ያስደርጋል፡፡
- 3) የድርጅቱን መዋቅር፣ የሰራተኞችን ቅጥሪ፣ የሰራ መደብና ተግባር፣ ደግሞ የሰራዊቱ አባላት አበል ያዘጋጃል፤ በቢሮ ሲወሰን ስራ ላይ ያውላል፤
- 4) ድርጅቱ በራሱ ገቢ ዕንዲተዳደር ሁኔታዎችን ያመቻቻል
- 5) የራሱን የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ ያወጣል፤
- 6) የሰው ኃይል አስተዳደር፣ የድርጅቱን ንብረት፣ የቴክኒክና የሂሳብ ሥራ በህጉ መሰረት ስራ ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፤ በአመት አንድ ጊዜ የድርጅቱን ሂሳብ በቢሮ አዲተር ወይም ሥልጣን ባለው አካል አዲት እንዲደረግ ያደርጋል፤
- 7) ኮሚቴዎችና ውሃ ተጠቃሚዎችን በማወያየትና በማስወሰን የድርጅቱ ገንዘብ ለኢንቨስትመንት ስራ እንዲውል ያደርጋል፡፡
- 8) በድርጅቱ የሚሰራው ውሃ በታሪፊ መሰረት መሸጡን፣ የተሰበሰበው ገንዘብ በወቅቱ ባንክ መግባቱንና በአገግ መሰረት በስራ ላይ እየዋለ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፡፡
- 9) የውሃ ታሪፍ አጥንቶ ያዘጋጃል፤ በቢሮ ሲወጅ በስራ ላይ ይውላል፡፡
- 10) የቴክኒክና የሂሳብ ስራ አፈፃፀም ሪፖርት በየአመቱ በየሩብ አመቱ በማዘጋጀት ለቢሮው ለውሃ ተጠቃሚዎችና ለኮሚቴዎች ያቀርባል

11. የቦርዱ ሰብሳቢ ስልጣንና ተግባር

የቦርዱ ሰብሳቢ ከቦርዱ አባላት መካከል የሚመረጥ ሆኖ የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባር ይኖራታል፡

- 1) የድርጅቱን ጽህፈት ቤት ሥራ አስኪያጁንና የሂሳብ ሰራተኛውን የድርጅቱን የባንክ ሂሳብ እንዲያንቀሳቅሱ ለማቸውን ለቦርዱ አቅርቦ ያስወሥናል፤
- 2) የገንዘብና የንብረት አጠቃቀም አስተዳደር ህጋዊ መሆኑን ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል
- 3) የድርጅቱ ሥራ በህጉ መሰረት እየተካሄደ መሆኑን ይቆጣጠራል፤
- 4) የቦርዱን የስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል፤ ስብሰባ ይጠራል፤ ያካሂዳል፡፡

10. Powers and duties of the board

- 1) Deiced money to be borrowed by the organization in consultation with Committees;
- 2) Prepare annual work and budget plan of the organization, implement and cause to be implemented where it is approved by the committee;
- 3) Prepare structure of organization, employment, qualification and job description of employees, salary and allowance of member of boards, implement where it is approved by the board;
- 4) Facilitate conditions in which the organization to administer by it's own income;
- 5) Issue internal work rules;
- 6) Control and approve, management of human resource, technical and account work, Cause books of the organization to be audited yearly by auditor of Bureau or any organ that have power to do so;
- 7) Cause money of the organization to be invested in consultation with committee and beneficiary, up on approval same;
- 8) Follow up, control and insure sale of potable water in accordance with the tariff, depositing of revenue collected in bank account on time and its implementation in accordance with the law;
- 9) Undertake research and prepare water tariff, implement same, where it is approved by Bureau;
- 10) Prepare and submit implementation of technical and financial work quarterly and annually to the Bureau committee and beneficiaries of potable water on time.

11. Powers and duties of chairperson

Chairperson shall be elected among member of the board and it shall have the following powers and duties:

- 1) Propose and submit office head of water service organization, accountant and cashier of water service organization to the board for approval to run the account of the organization ;
- 2) Control and follow-up resource and financial administration and utilization of the Organization in accordance with the law;
- 3) Control performance of the organization in accordance with the Law;
- 4) Prepare agenda of the board, call meeting and manage it .

12. Aangoo fi Hojii Barreessaa Boordichaa

Barreessaan Boordichaa Itti gaafatamaa Waajjira Bishaan Dhugaatii Baadiyaa ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Qaboo yaa'ii boordichaa sirnaan ni qaba;
- 2) Xalayaa adda addaa ni qopheessa, xalayoota qaama adda addaa irraa boordichaa barreeffaman galmeessee walitti qabaaf ni dhiyeessa;
- 3) Haftuu xalayoota boordiin bahii ta'anii fi xalayoota boordichaa galii ta'an seeraan qindaa'ani qabamuu isaanii ni to'ata, ni mirkaneessa.

13. Sirna Wal-gahii Boordichaa

- 1) Boordichi yoo xiqqaate ji'atti al-tokko waligahii idilee ni qabaata. Haata'u malee, akkaataa barbachisummaa isaatti walitti qabaan boordichaa ykn miseensota boordichaa keessaa walakkaa oliin yoo gaafatame wal-gahii arifachiisaa waamuun ni danda'ama.
- 2) Miseensota Boordii walakkaa oli (50+1) yoo argaman walgahiin guutuu ta'a.
- 3) Murtiin boordichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, Sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni walitti qabaan deeggarama murtii Boordii ta'a.

14. Itti Gaafatamummaa Miseensoota Boordichaa

- 1) Miseensonni boordichaa akkaataa seeraatiin ga'ee hojii isaanii ba'uuf dirqama ni qabaatu.
- 2) Miseensonni Boordii dirqama hojii isaanii bahuu dhabuu irraa kan ka'e, miidhaa dhaabbaticha irra qaaqabuuf Ittigaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu.

15. Koree

- 1) Baay'inni miseensota koree torbaa hanga sagalii ta'ee, itti fayyadamtoota bishaan dhugaatii baadiyyaatiin kan filataman ta'a.
- 2) Itti waamamni koree Biiroo fi Ittifayyadamtoota isa filateef ta'e.

16. Aangoo fi Hojii Koree

- 1) Korichi miseensota keessaa walitti qabaa, Barreessaa, Itti gaafatamaa herregaa, Qarshii qabaa fi Bittuu meeshaa dhabatichaa ni filata.
- 2) Walitti Qabaa fi Barreessaa koree osoo hindabalatin, miseensonni koree gita hojii keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame irratti ramadaman hojii isaanii hojjechuudhaaf yeroo kan hin qabne yoo ta'e, koreen ulaagaa barbachisaa ta'e, baasuudhaan nama biraa qaxaruu ni danda'a.
- 3) Itti fayyadamtoota Bishaanii mari'achiisudhaan baay'ina maallaqa dhaabbatichi liqeeffachuu qabu ni murteessa.
- 4) Itti gaafatamaan herregaa fi Qarshii Qabaan Walitti-Qabaa koree waliin herrega Baankii dhaabbatichaa akka mallatteessanii fi sochoosan, ni taasisa.

12. የቦርዱ ፀሐፊ ሥልጣንና ተግባር

የቦርዱ ፀሐፊ የድርጅቱ ጽህፈት ቤት ሓላፊ ሆኖ የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡

- 1) የቦርዱን ቃለ ጉባኤ በስርዓት ይይዛል፤
- 2) የተለያዩ ደብዳቤዎችን ያዘጋጃል፤ ከተለያዩ አካላት ለቦርዱ የተላኩትን ደብዳቤዎች ለሰብስቦ ያቀርባል፤
- 3) በቦርዱ ወጪ የተደረጉትን ቀሪ ደብዳቤችና ለቦርዱ የተላኩትን በስርዓት መያዣውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፡፡

13. የቦርድ የስብሰባ ሥርዓት

- 1) ቦርዱ ቢያንስ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል፤ ይሁን ፅንፂ እንደ አስፈላጊነቱ በቦርድ ስብሰባ ወይም ከግማሽ በላይ የሆኑ የቦርዱ አባላቶች ሲጠይቁ አስቸኳይ ስብሰባ መኖራት ይቻላል፤
- 2) ከቦርዱ አባላት ከግማሽ በላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤ መሰረት ይሆናል፤
- 3) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምፅ ሆኖ እኩል የሚሆን ከሆነ ስብሰባው የደገፈው ሃሳብ የቦርድ ውሳኔ ይሆናል፡፡

14. የቦርዱ አባላቶች ተጠያቂነት

- 1) የቦርድ አባላት በህጉ መሰረት የሰራ ድርሻቸውን የመወጣት ግዴታ አለባቸው፤
- 2) የቦርድ አባላቶች የሰራ ድርሻቸውን ባለመወጣት ድርጅቱ ላይ ለሚደርሰው ኪሣራ በወልና በጋራ ተጠያቂዎች ናቸው፡፡

15. ኮሚቴ

- 1) የኮሚቴ አባላቶች ብዛት ከሰባት አስከፊ ሆኖ በገጠር የመጠጥ ውሃ ተጠቃሚዎች የሚመረጡ ይሆናል፡፡
- 2) የኮሚቴው ተጠሪነት ለቢሮውና ለመረጠው ተጠቃሚ ሕብረተሰብ ይሆናል፡፡

16. የኮሚቴው ሥልጣንና ተግባር

- 1) ኮሚቴው ከአባላቶቹ ውስጥ የድርጅቱን ስብሰባ፣ ፀሐፊ፣ የሂሳብ ሰራተኛ፣ ገንዘብ ያዥና ዕቃ ግዥውን ይመርጣል፤
- 2) ስብሰባውንና ፀሐፊውን ሳይጨምር የኮሚቴው አባላት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተጠቀሱትን የሰራ መደቦች ላይ ለመስራት የተመደቡትን ጊዜ የማይኖራቸው ከሆነ ኮሚቴው አስፈላጊውን መመዘኛ በማውጣት ሌላ ሰው ለመቀጠር ይችላል፤
- 3) የውሃ ተጠቃሚዎችን በማወያየት ድርጅቱ ሊበደር የሚገባውን የብር መጠን ይወስናል፡፡
- 4) የሂሳብ ክፍል ኃላፊውን ገንዘብ ያዥ ከስብሰባው ጋር በመሆን የድርጅቱን የባንክ ሂሳብ ላይ እንዲፈርመውና እንዲያንቀሳቅሱ ያደርጋል፡፡

12. Powers and duties of the secretary of the board

Rural potable water office head shall be secretary of a Board and shall have the following powers and duties:

- 1) Keep minutes of board properly;
- 2) Prepare different letters sent to board and submit same to chair person;
- 3) Control and insure proper keeping of remaining letters and received letters of the organization.

13. Meeting procedure of the board

- 1) The board shall have ordinary meeting at least once a month, however it may have extra ordinary meeting up on request of a chair person or more than half of the member of a board.
- 2) There shall be a quorum where majority members are present.
- 3) The board shall take decision by majority vote in case of a tie, the chair person shall have a cast.

14. Responsibilities of the member of the board

- 1) A board member shall have duty to perform their job.
- 2) Members of boards shall be liable jointly and severally to indemnify damage against Organization, because of their failure to perform their duties properly.

15. Committee

- 1) Number of the members of the committee shall be 7-9 and shall be elected by rural potable water beneficiaries.
- 2) Committee shall be accountable to the Bureau and to the beneficiaries.

16. Powers and duties of the committee

- 1) Elect chairperson, secretary, accountant, cashier and purchaser of the organization among committee members;
- 2) Employ persons other than chair person and secretary on the position described under sub article (1) of this article where it is difficult to work their job by issuing criteria;
- 3) Decide the money to be browed in consultations with beneficiaries;
- 4) Cause the account of the organization to be run by the chair person together with the accountant and cashier;

- 5) Karoora hojii fi Baajata waggaa dhaabbatichaa ni qopheessa, Itti fayyadamtootaan erga ragga'ee booda hojii irra ni oolcha, akka oolus ni taasisa.
- 6) Caasaa Dhaabbatichaa, qaxara, gitaa fi gahee hojii, mindaa, durgoo miseensota koree fi hojjattoota isaa ni murteessa.
- 7) Dhaabbatichi galii isaatiin akka of bulchu haala ni mijeessa.
- 8) Sirna Ittiin bulmaata korichaa baasee hojii irra ni oolcha.
- 9) Bulchiinsi humna namaa, qabeenyi, hojiin teekinikaa fi herregaa akkaataa seeraatiin hojii irra ooluu isaa, ni to'ata, ni mirkaneessa.
- 10) Itti fayyadamtoota bishaanii mari'achiisuudhaan maallaqni dhaabbatichaa hojii babal'ina fi fooyyessa misooma bishaanii irra akka ooluu ni taasisa.
- 11) Bishaan dhugaatii dhaabbatichaan raabsamu akkaataa taarifa murtaa'een, gurguramuu isaa, galiin sassaabame yeroon baankiitti galii ta'uu isaa fi akkaataa seeraatiin hojii irra ooluu isaa ni hordofa., ni to'ata, ni mirkaneessa.
- 12) Dhaabbata tajaajila bishaanii baabal'isuun, fooyyessuun, suphuu fi ijaaruun barbaachisaa ta'ee yoo argame, kontraaktara waliin waliigaltee raawwachuun akka hojjatamu ni taasisa.
- 13) Taarifa bishaanii qoratee ni qopheessa. Biiroodhaan yommuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha.
- 14) Gabaasa raawwii hojii teekinikaa fi herregaa kan kurmaanaa fi waggaa yeroo yeroon qopheessee Biiroo, Boordii fi itti fayyadamtoota bishaaniitiif dhiyeessa.

Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa Koree

- 1) Itti gaafatamaa herregaa fi Qarshii Qabaa waliin ta'uudhaan herrega baankii dhaabbatichaa ni bana, ni sochoosa;
- 2) Dhaabbatichaa fi Koree bakka bu'uudhaan qaama sadaffaa waliin waliigaltee ni mallatteessa;
- 3) Hojiin dhaabbatichaa akkaataa seeraatiin gaggeeffamuu isaa ni to'ata, ni mirkaneessa;
- 4) Ajandaa walgahii ni qopheessa, walgahii ni waama; ni gaggeessa.

18. Aangoo fi Hojii Barreessaa Korichaa

- 1) Qaboo yaa'ii koree ni qaba;
- 2) Galmeewwan dhaabbatichaa Sirnaan ni qaba;
- 3) Haftuu xalayootaa fi xalayoota korichaaf galii ta'an, sirnaan qindaa'ee qabamuu isaa ni to'ata, ni mirkaneessa.

- 5) የድርጅቱን ዓመታዊ የሥራና የበጀት አቅድ ያዘጋጃል፤ በተጠቃሚዎች ከፀደቀ በኋላ ሥራ ላይ ያውላል፤ እንዲውልም ያደርጋል፡፡
- 6) የድርጅቱን መዋቅር፣ ቅጥር የሥራ መደብና የስራ ድርሻ የኮሚቴውን አባላቶችና ሰራተኞች ደሞዝና አበል ያዘጋጃል በዐርድ ሲወሰን ሥራ ላይ ያውላል፤
- 7) ድርጅቱ በራሱ ገቢ እንዲተዳደር ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
- 8) የኮሚቴውን መተዳደሪያ አዉጥቶ በስራ ላይ ያውላል፤
- 9) የሰዉ ሐይል የንብረት የቴክኒክና የሂሳብ አስተዳደር በህጉ መሠረት በስራ ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፡፡
- 10) ተጠቃሚዎችን በማማከር የድርጅቱ ገንዘብ ለውሃ ማስፋፊያና ማሻሻያ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
- 11) የድርጅቱ የመጠጥ ውሃ ስርጭት መስራጩን በታሪፍ መሰረት መሸጡንና ገብው ተሰብስቦ በወቅቱ ባንክ መግባቱን በህጉ መሰረት ስራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፤
- 12) የውሃ አገልግሎት ድርጅትን ማስፋፋት ማሻሻል መጠገንና መገንባት አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ከኮንትራክተሮች ጋር ስምምነት በማድረግ እንዲሰራ ያደርጋል፤
- 13) የውሃ ታሪፍ አጥንቶ ያዘጋጃል በቢሮ ሲፀድቅ በስራ ላይ ያውላል፤
- 14) አመታዊና የሩብ አመት የቴክኒክና የሂሳብ የስራ አፈጻጸም ርገርት አዘጋጅቶ ለቢሮ ለዐርዱና ለውሃ ተጠቃሚዎች ያቀርባል፡፡

17. የኮሚቴዉ ስብሰቢ ስልጣንና ተግባር

- 1) ከሂሳብ ክፍል ኃላፊውና ከገንዘብ ያገዢ ጋር በመሆን የድርጅቱን የባንክ ሂሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤
- 2) ድርጅቱን ኮሚቴውን ወክሎ ከሰብተኛ ወገን ጋር ውል ይዋዋላል፡፡
- 3) የድርጅቱ ሥራ በሕጉ መሰረት እየተካሄደ መሆኑን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፤
- 4) የስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል ስብሰባ ይጠራል ይመራል፡፡

18. የኮሚቴዉ ፀሓፊ ሥልጣንና ተግባር

- 1) የኮሚቴውን ቃለ ጉባኤ ይይዛል፤
- 2) የድርጅቱን መዛግብት በሥርዓት ይይዛል፤
- 3) ቀሪና ለድርጅቱ የተላኩ ደብዳቤዎች በስርዓት መያዛቸውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፡፡

- 5) Prepare annual work and budget plan of the organization, implement and cause to be implemented where approved by beneficiaries;
- 6) Prepare structure of the organization, employment, qualification and job description of employees, salary and allowance of member of committee and it's employees where it is approved by Bureau;
- 7) Facilitate conditions in which the organization to administer by it's own income;
- 8) Issue internal work rules;
- 9) Control and insure human resource and property management implementation of technical and financial works of an organization in accordance with the law;
- 10) Cause money of the organization to be invested on Expansion and Extension of water development works in consultation with beneficiaries;
- 11) Follow up, control and insure sale of potable water in accordance with the tariff, depositing revenue to the bank timely and utilization of money in accordance with the low;
- 12) Inter into contractual agreement, expend, maintain and construct potable water service where it may found necessary;
- 13) Undertake research and proper water tariff, implement where it is approved by bureau;
- 14) Prepare report of technical and financial work performance to Bureau, to board and beneficiaries.

17. Powers and duties of chair person of the committee

- 1) Open and run bank account of the organization along with accountant and cashier;
- 2) Make contract with third parties representing organization and committee;
- 3) Control and insure work of the organization shall be implemented in accordance with the law;
- 4) Prepare agenda of meeting call and lead meeting.

18. Power and duties of secretary

- 1) Keep minuets properly;
- 2) Keep books of account properly;
- 3) Control and insure proper keeping of letters and received letters of the organization.

19. Sirna Walgahii Korichaa

- 1) Korichi yoo xiqqaate ji'atti al-tokko walgahii idilee ni qabaata. Haata'u malee, akkaataa barbachisummaa isaatti walitti qabaan korichaa ykn miseensota korichaa keessaa walakkaa oli yoo gaafatan wal-gahii arifachisaa waamuun ni danda'ama.
- 2) Miseensota Koree keessaa walakkaa ol (50+1) yoo argaman wal gahiin guutuu ta'a.
- 3) Murtiin korichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, Sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni walitti qabaan deeggarama murtii koree ta'a.

20. Itti gaafatammummaa Miseensota Koree

- 1) Miseensonni Korichaa akkaataa seeraatiin ga'ee hojii isaanii ba'uuf dirqama ni qabaatu.
- 2) Miseensonni Koree dirqama hojii isaanii bahuu dhabuu irraa kan ka'e, miidhaa dhaabbaticha irra qaqquuuf Ittigaafatammummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu.

Kutaa Afur**Tumaalee Adda Addaa****21. Bara Hojii Boordii fi Koree**

- 1) Barri hojii Boordii fi Koree waggaa lamaa ta'a.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatulle miseensonni Boordii ykn koreen kamiyyuu hojii isaa fiixaan baasuu yoo dadhabe, bara hojii isaa osoo hin'eegin hojii irraa ni gaggeeffama.
- 3) Miseensi Boordii ykn koree kamiyyuu bara hojii isaa haala quubsaa ta'een erga xumuree booda yeroo lamaffaadhaaf filatamuu ni danda'a.

22. Itti gaafatammummaa Dhaabbatichaa

Dhaabbatichi qabeenya qabuu olitti itti hin gaafatamu.

23. Madda Galii

Dhaabbatichi maddawwan armaan gadii irraa galii kan argatu ta'a:

- 1) Maallaqa gurgurtaa bishaanii fi kenna tajaajila teeknikaa irraa argatu;
- 2) Baajata mootummaan ramadu;
- 3) Maallaqaa fi qabeenya gargaarsaa fi kennaadhaan qaama mootummaa fi kan biroo irraa argamu;

24. Galmee Herreegaa

- 1) Dhaabbatichi galmeewwan herreegaa sirrii fi guutuu ta'an ni qabaata.
- 2) Galmeewwan herreegaa yoo xiqqaate waggaatti al tokko odiitera Biiroo ykn qaama Aangoo qabuun odiitii ni taasifamu.

19. የኮሚቴው ስብሰባ ስርአት

- 1) ኮሚቴው ቢያንስ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል፤ ይሁን እንጂ አንድ አስፈላጊነቱ በሰብሣቢው ወይም ከኮሚቴው አባላት መካከል ከግማሽ በላይ ከጠየቁ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል፤
- 2) ከኮሚቴው አባላቶች መካከል ከግማሽ በላይ ከተገኙ ምልክተ ጉባኤው የተሟላ ይሆናል፤
- 3) የኮሚቴው ውሳኔ በአብላጫ ድምፅ የሚወሰን ሆኖ ድምፅ እኩል የሚሆን ከሆነ ስብሰባው የደረገው ሃሳብ የኮሚቴ ውሳኔ ይሆናል፤

20 የኮሚቴው አባላቶች ተጠያቂነት

- 1) የኮሚቴው አባላቶች በህጉ መሰረት ሥራቸውን የመወጣት ግዴታ አለባቸው፤
- 2) የኮሚቴው አባላቶች ሥራቸውን በአግባቡ ባለመወጣታቸው ድርጅቱ ላይ ለሚደርሰው ኪሣራ በግልጽ በጋራ ተጠያቂ ይሆናሉ፤

ክፍል አራት**የተለያዩ ድንጋጌዎች****21. የዐርድና የኮሚቴ የሥራ ዘመን**

- 1) የዐርድና የኮሚቴ የሥራ ዘመን ሁለት ዓመት ይሆናል፤
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተጠቀሰው ቢኖርም የዐርድ ወይም የኮሚቴው አባላት የሥራ ግዴታቸውን መወጣት ካቃታቸው የሥራ ግዜያቸውን ሳይጨርሱ ሊነሱ ይችላሉ፤
- 3) በአጥጋቢ ሁኔታ የስራ ዘመኑን ጠየናቀቀ ማንኛውም የዐርድ ወይም የኮሚቴ አባላት ለሁለተኛ ጊዜ ሊመረጥ ይችላሉ፡፡

22. የድርጅቱ ተጠያቂነት

ድርጅቱ ካለው ንብረት በላይ ተጠያቂ አይሆንም፡፡

23. የገቢ ምንጭ

ድርጅቱ የሚከተሉት የገቢ ምንጮች ይኖሩታል፡፡

- 1) ከውሃና ቴክኒክ አገልግሎት ሽያጭ ከሚያገኘው፤
- 2) መንግስት ከሚመድብለት በጀት፤
- 3) መንግስታዊና መንግስታዊ ካልሆኑ አካላት የሚያገኘው አርዳታ ገንዘብና ንብረት፡፡

24. የሂሳብ መዝገብ

- 1) ድርጅቱ ትክክልና መሰረተ የሆኑ የሂሳብ መዝግቦች ይኖሩታል፤
- 2) የድርጅቱ የሂሳብ መዝግቦች ቢያንስ በአመት አንድ ጊዜ 'ቢሮ'ው አዲተር ወይም ሥልጣን ባለው ሌላ አካል አዲት ይደረጋል፡፡

19. Meeting procedure of committee

- 1) The committee shall have an ordinary meeting at least once a month, however, it may have an extra ordinary meeting on request of a chair person or more than half member of the committee;
- 2) There shall be a quorum where majority members are present;
- 3) The committee shall take decision by majority vote, in case of tie, the chair person shall have a cast.

20. Responsibility of Committee Members

- 1) The Committee Members shall have a duty to perform their job, in accordance with the law.
- 2) Committee Members shall liable jointly and severally for damages occurred up on the organization due to their failure to accomplish job properly.

Part Four**Miscellaneous Provisions****21. Term Office of board and committee**

- 1) The term office of board and committee shall be two years.
- 2) Not with standing to sub article 1 of this article the board or the committee members may be dismissed before laps of term office where they failed to perform their job properly.
- 3) Any board or committee members may be re-elected, where they perform their duties successfully during their tem office.

22. Liability of the organization

The Organization shall not be liable beyond its asset.

23. Sources of Revenue

The Organization shall have revenue from the following sources:

- 1) Money gain from sale of water and charge fee from service delivery.
- 2) From allocated budget by government.
- 3) From aids and donation.

24. Book of account

- 1) The organization shall have accurate and full books of account.
- 2) Books of account shall be audited, at least once a year by auditor of the Bureau or by concerned body having power.

25. Bara Bajataa

Barri Bajataa dhaabbatichaa Adoolessa 1 irraa eegalee hanga Waxabajjii 30tti ta'a.

26. Mirgaa fi Dirqama Dabarsuu

Mirgi, dirqamnii fi qabeenyi buufatni bishaanii Labsiin kun osoo hinbahin horate danbii labsii kana irratti hundaa'ee bahuun dhaabbata hundeeffamutti kan darbu ta'a.

27. Aangoo Dambii Baasuu

Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa dambii baasuu ni danda'a.

28. Seerota Raawwatiinsa hin qabaanne

Seeronnii fi barmaatileen hojii labsii kana waliin wal faallessan kamiyyuu dhimmoota labsii kana keessatti tumaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

29. Yeroo Labsiin kun hojiirra Itti oolu

Labsiin kun Adoolessa 9 bara 2001 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

Finfinnee, Adoolessa 9 Bara 2001

Abbaaduulaa Gammadaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo
Oromiyaa

25. የበጀት ዘመን

የድርጅቱ የበጀት ዘመን ከሐምሌ ፩ እስከ ሰኔ ፱ ይሆናል።

26. መብትና ግዴታን ማስተላለፍ

ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት የውሃ ጣቢያ የነበረው መብት ግዴታና ንብረት በዚህ አዋጅ ላይ ተመስርቶ በሚወጣ ደንብ ወደተቋቋመ ድርጅት ተላልፈዋል።

27. ደምብ የማውጣት ስልጣን

ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም የኦሮሚያ መስተዳደር ምክር ቤት ደምብ ሊወጣ ይችላል።

28. ተፈጻሚነት የሌላቸው ህጎች

ማንኛውም ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ህጎችና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት የላቸውም

29. አዋጁ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሐምሌ ፱ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም ጀምሮ በስራ ላይ የሚውል ይሆናል

ፊንፊኔ ሐምሌ 9 ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም

አባዱላ ገመዳ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት
ፕሬዝዳንት

25. Budget Year

A budget year of the organization shall be from July 8 to July 6.

26. Transfer of the rights and duties

Rights, duties and properties of water station before this proclamation shall be transited to organization established by regulation, which will be issued, in accordance this proclamation.

27. Power to issue Regulation

Oromia Administrative council may issue regulation to employment this provocation.

28. Inapplicable law

Laws and customary practice inconsistent with this proclamation shall be inapplicable.

29. Effective Date

This proclamation shall come in to force as of July 16th/2008.

Finfine, July 16/2009

Abbadula Gameda
President of Oromia
National Regional State